








# KADHATA QABATAMAA

Barnoota 7ffaa Caamsaa 16, 2026

"Isin yaa warra saba Isaa taatanii, yeroo hundumaa Isa amanadhaa! Wanta garaa keessanitti yaaddan Isa duratti dhagalaasaa! Waaqayyo Isa nuy kooluu itti galluu dha."

(Faarsaa 62:8)





Phaawuloos, “yeroo hundumaa akka kadhannuuf” nu jajjabeessa (Efes. 6:18), utuma lafti gargar facaatee illee; utuma yeroon darbee kadhata keenyaaf deebii hin arganne ta’ee illee..

Yeroo akkasiitti, kadhannaan Eliyaasii fi Haannaa nu gargaaras nu jajjabeessas.

Garuu akkamitti kadhanna? Maal gaafanna? Qofaa kadhannamoo warra kaanii wajjin kadhanna? Kadhannaan akka nuy Waaqayyotti haasofnuuf qofa nuuf heyyamamoo, akka nuy Isa dhaggeeffannuufis nuuf heyyama?









- **Kadhata yeroo ulfaataatti:**
  - **Eliyaas:** Kadhata jeequmsa walakkaatti
  - **Haannaa:** Deebii tasa hin dhufne
- **Kadhata fakkeenya taa’an:**
  - **Yesuus:** Qabiyyee kadhataa
  - **Daani’el:** Caasaa kadhataa
- **Gaaffilee afur waa’ee kadhataa**



# KADHATA YEROO ULFAATAATTI


# ELIYAAS: KADHATA JEEQUMSA WALAKKAATTI

"Inni immoo deebisee, sabni Israa'el kakuu siif galan dhiisanii iddoo aarsaa kee diiganii raajota kees billaadhaan waan fixaniif, si Waaqayyo Gooftaa maccaatiif baay'ee nan hinaafan ture; raajota kee keessaa anuma duwwaatu hafe, anuma iyyuu immoo ajjeesuu in barbaadu" jedhe (1 Moot. 19:10)



**Jeequmsa walakkaatti Waaqayyo kadhata keenya akkamitti deebisa?**

Kadhata salphaa Eliyaas kadhateen booda, Waaqayyotti battalatti ibiddaan deebii kenne (1 Moot. 18:36-38).



Kadhata si'a torba bokkaaf kadhateen booda, Waaqayyo duumessa xiqqoo gara bubbee humna qabeessaatti jijjiirame erge (1 Moot. 18:42-45).





Yeroo Eliyaas du'a gaafate, Waaqayyo in callise, garuu ergamaa isa nyaachisu ergeef (1 Moot. 19:4-8).

Holqa keessatti, xumura irratti Eliyaas sagalee Waaqayyoo isa kadhata Isaa deebisuuf dhaga'e (1 Moot. 19:9-18).



Deebiin tokko deebii battalaa fi dinqisiisaa dha. Inni biraan, kadhata si'a torbaa booda bokkaa gaafatame erge. Dhuma iraatti, guyyaa 40 booda, deebii afaanii fi jajjabeessaa ta'etu kenname. Haala keenya tokkoo tokkoo isaa keessatti yoomii fi akkamitti akka nuu deebisu beeka.

# HAANNAA: DEEBII TASA HIN DHUFNE

"Ani mucaa kana argachuuf kadhadheera; Waaqayyos waan ani Isa kadhadhe naaf kenneera" (1 Samuel 1:27)

Kadhati Haannaan mucaa argachuuf kadhatte kadhata Waaqayyo battalatti deebise fakkaata (eeyyee, turtii ji'oota sagalii gammachuudhaaan guuteen booda) (1 Saam. 1:9-20).





Haa ta'utii, yeroo lakkoofsota darban dubbifnu, deebiin kun deebi'uuf yeroo baayyee dheeraa fudhate (1 Saam. 1:1-8).

Phiniinaan, haati manaa Elqaanaa isheen tokko "ijoollee" qabdi turte—sanuu dhiira tokkoo ol— "waggaa waggaadhaan" immoo Haannaa gubdi turte, sababni isaa waan Waaqayyo mucaa ishee dhowwateef.

Qabxii kana irraa yeroo ilaallu, Haannaan mucaa argachuuf gaaffii dhiheessaa turteef utuu deebii hin argatin waggoota meeqa turte?





Si'a tokko tokko, callisuun Waaqayyoo sababa ofittummaa keenyaaf (Yaaq. 4:3); cubbuu kunuunfannuuf (Faar. 66:18); amantii dhabiisaaf (Yaaq. 1:6); ykn immoo, salphaadhumatti yeroon isaa waan hin geenyeefi dha.

Haala kamiin keessatti, Waaqayyo guutummaatti waan hundumaa arga waan ta'eef, waan nuuf wayyu beeka (Erm. 29:11). Yeroo hundumaa, yeroo Ofii Isaatii fi karaa Ofii Isaatiitiin kadhata amatiidhaan kadhatamuuf deebii ni kenna (1 Yoh. 5:14-15).

# KADHATA FAKKEENYA TAA’AN



# YESUUS: QABIYYEE KADHATAA

"Egaa akkana jedhaa kadhadhaaa: 'Yaa Abbaa keenya kan samii irra jirtu, maqaan kee haa qulqullaa'u" (Maat. 6:9)



Kadhata dheeraa fi ibsa kennu, dhaggeeffattoota kan gammachiisuu fi jajamuuf godhamu miti kan Yesuus barsiise (Maat. 6:5-8).



Kadhannaan keenya garraamummaadhaan bifa salphaa ta'een jechoota guyyaa guyyaa fayyadamnee ta'uu qaba. Kadhannaan jireenya keenya keessaa isa baayyee murteessaa dha.

"Kadhata gabaabaa fi sirrii ta'e, kallattiidhaan waan barbaaddu gaafachuu kadhachuu bari. Bakka Waaqayyo qofti si dhaga'uu danda'utti sagaleekee ol kaasii kadhachuu bari. Kadhata amanamuuf godhamu hin kadhatin, garuu dhimmamuudhaa, gaaffiikee agarsiidhaan, lubbuunkee Buddeen Jireenyaa beela'uu ishee agarsiidhaan kadhadhu." (E.G.W. "Our high Calling", May 4)





# YESUUS: QABIYYEE KADHATAA




Kun fakkeenya kadhataa Yesuus nuuf kenne dha:

| | |
|---|---|
| "Abbaa keenyaa Isa waaqa irra jiraattuu" | Hariiroo dhuunfaa keenyaa, Abbaa nama hundumaa wajjin qabnuuf beekamtii kennuu qabna |
| "Maqaan Kee haa qulqullaa'u" | Qulqullummaa Waaqayyoof beekamtii kennuun, kabajaa fi ulfinaan akka nuy itti siqnu nu godha |
| "Mootummaan Kee haa dhufu" | Dhufaatii Yesuusiin hawwiidhaan haa eegannu |
| "Jaalalli Kee waaqa irratti akka ta'e, akkasuma lafa irratti haa ta'u" | Olaantummaa Waaqayyoo fudhannee, fedhiin Waaqayyoo jireenya keenyaa fi biyya lafaa keessatti akka ta'u gaafachuu qabna |
| "Buddeena keenya har'aa nuuf kenni" | Qaamattis ta'e hafuuratti, jiraachuuf waan nu barbaachisu haa gaafannu |
| "Yakka keenya nuuf dhiisi, akkuma nuy warra nu yakkaniif dhiifne" | Qalbii jijjiirrachuu, dhiifama gaafachuu fi akkuma Waaqayyo nuuf dhiisutti, nus warra nu yakkaniif dhiisuu qabna |
| "Qorumsatti nun gashin, hamaa nu oolchi malee" | Hammina biyya lafaa keessa jiru jalaa, eegumsaa fi da'annaa akka nuuf ta'uuf Waaqayyoon haa gaafannu |
| "Mootummaan kan keetihoo, humnis galannis, baruma baraan, Ameen" | Eenyummaan keenya, waanti nuy qabnuu fi hojjennu hundinuu kan Waaqayyoo ta'uu isaa beekamtii haa laannu. Isa duwwaaf mala ulfinnii fi galanni. |

# DAANI'EL: CAASAA KADHATAA

"Kanaafuu ani deebii barbaadee kadhannaa fi waammataan, soomaan wayyaa gaddaa uffachuudhaa fi daaraa keessa taa'uudhaan gara Waaqayyoo Gooftaatti nan deebi'e." (Daan'iel 9:3)



Kadhannaan Daan. 9:4-19 keessatti galmaa'ee jiru, kutaalee kadhannaa bu'uuraa afuran nuuf dhiheessa:



Jajannaa
(Daan. 9:4)

Gaaffii
(Daan. 9:16-19)

Qalbii jijjiirrachuu fi dhiifama gaafachuu
(Daan. 9:5-15)

Galateeffachuu
(Filiph. 4:6)



Daani'el utuu kadhata isaa (galateeffachuu) utuu hin xumurin, Gabri'el gidduu seene.

Toorri kun immoo, kadhata dhuunfaa fi kan sabaa keessatti ni fayyada. Waanti beekamaan, kutaan kadhannaa "qalbii jijjiirrannaa fi dhiifama gaafachuu" akkaataa kadhannaa san irratti hundaa'a.

Caasaan kun, kadhanni keenya Waaqa irratti akka xiyyeeffatuuf nu gargaara, akka nama suuqii Waaqaatii waa bitachuuf dhaqee, "waan bitu tarreessuu" akka hin taane nu eega.



# GAAFFILEE AFUR WAA'EE KADHATAA

## Waaqayyo dursee waan hundumaa beeka erga ta’ee maaliif kadhanna?

Kadhannaan gara teessoo Waaqaatti ol nu butee, akka nuy ofii keenya qorruu fi hariiroo guyyaa guyyaatti Isaa wajjin qabnu irra deebinee itti yaannu nu taasisa.

Yooma waan jennu hin beeknu ta’e illee Hafuurri Qulqulluun nu gargaara (Room. 8:26).



## Waanti hundinuu gaarii dha taanaan kadhachuuu maaf nu barbaachise?



Ergamoonni cubbuu hin hojjetin, walitti fufiinsaan waaqessu. Nutoo, hammam caalchifnee waaqessuu qabna?

Waaqayyoon nan barbaachisu, waanti hundinuu gaarii naaf deemaa jira jennee yaaduun, koormaa dha.

## Eenyuu wajjin kadhachuutu narra jira?

Yeroo sana irratti hundaa’ee:

1. Qofaatti. Kun yeroo kadhanni keenya baayyee maxxanaa ta’u dha.
2. Maatii wajjin ykn garee xiqqaatiin
3. Waldaa keessatti.







## Akkamitti dhaggeeffadhu?



Karaan ifaa fi gaarii ta’e, kana gochuu dandeenyu, kadhannaa fi qayyabannaa MQ qaama kadhata dhuunfaa keenyaa godhachuutiin, sammuu keenya duwwaa gochuu irraa ykn of dhaggeeffachuu irraa bilisa gochuudhaani dha.

EGW (Our Father Cares, May 25)

“Waan barbaannu tokko gadi fageessinee yaaduu fi waan gaafannu sana hawwuun, amala kadhata keenyaa ta’uu qaba, ta’uu baannaan hin dhaga’amu. Garuu, kadhanni keenya battalatti waan hin deebi’iniif, dadhabuun ykn kadhata keenya addaan kutuun nurra hin jiru. “Mootummaa waaqaa fincilaan miidhameera, fincilli immoo humnaan fudhata” (Maat. 11:12). Fincila jechuun asitti, dhimmamuu qulqullaa’aa, sanyii isa Yaaqoob agarsiiseeti. Miira gadi fagoo keessa of galchuu yaaluuf hojjechuun nurra hin jiru, garuu, callisaan, obsaan, kadhata keenya teessoo ayyaanaatti dhiheeffachuutu nurra jira. Hojiin keenya lubbuu keenya fuula Waaqayyoo duratti gadi qabuu dha, cubbuu keenya himachuu, fi amantii dhaan Waaqayyoon duratti dhihaachuu dha.”